# Rakkooleen Cabsatanii Darbuu Talaallii maali?

## Barreeffama

*[muuziqaa ce’umsaa]*

*[Seenessa]*

Tarii hanga ammaatti jecha dhimmoota cabsatanii darbuu jedhu dhaga'aa baatan ta'a, tarii ammoo maal akka isaan ta'anii fi maal jechuu akka isaan ta'an gaaffii isinitti ta'uu malu.

Rakkooleen cabsatanii darbuu yeroo namoonni guutummaatti talaalaman bu'aan qorannoo COVID-19 isaanii poozatiivii ta'u mul'atu.  Kun waanuma jirudha. Talaalliin kam iyyuu %100 hin ittisu.

Namoonni hedduun akka talaalamaniin, rakkoolee cabsatanii darbuu dabalataa argina.

Mee namoota kudhan keessaa sagal talaalamanii tokko ammoo hin talaalamne haa jennu. Namoonni kurnanuu COVID-19 f saaxilamaniiru, namoonni lama ammoo poozatiivii ta'aniiru. Inni tokko nama talaalamedha, inni biraan ammoo nama hin talaalamnedha.

Dhibeewwan keessaa walakkaan isaanii rakkoolee cabsatanii darbuu haa ta'an iyyuu malee, kun nama dogoggorsuu danda'a, sababiin isaas namoonni talaalaman biroon saddeet COVID-19n hin qabamne waan ta'eef.

Akka akaakuuwwan vaayirasichaa babal'ataniin rakkooleen cabsatanii darbuu haa uumaman iyyuu malee, namoonni talaalaman carraan isaan sirriitti dhukkubsachuu ykn mana yaalaa isaan barbaachisu baay'ee xiqqoodha, kanaaf talaalliiwwan kunniin hojjechaa jiru!

Manneen yaalaa namoota hundaaf siree ga'aa qabaachuu isaanii fi namoonni kunuunsa atattamaa barbaadan dafanii argachuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuun baay'ee barbaachisaadha.

Talaalamuun ofii keessanii fi namoota naannoo keessanii COVID-19 irraa ittisuuf gargaaruuf karaa hunda caaludha.

COVID-19 irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf, marsariitii Kutaa Fayyaa Minnesota ilaalaa: www.health.state.mn.us

*[muuziqaa ce’umsaa]*

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

9/8/21 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraan argachuuf, kana irratti bilbilaa: 651-201-4989.*